Bu'aa Qorannoo Heppitaayitas B Kee Hubachuu*

Qorannoowwan paanaalii dhiigaa Heppitaayitas B qorannoowwan sadii of keessatti qabata. Haala kee baruudhaaf bu'aawwan kee sadan hundinuu beekamuu qabu. Gabateen armaan gadii ibsa baramaa bu'aawwan qorannoo qaba, garuu ammoo bu'aan qorannoo baramaa hin taane mul'achuu danda'a.

MAALOO HUBADHAA: chaartin kun akka gorsa meedikaalatti tajaajiluuf kan karoorfame miti. Ibsa bal'aa fi bu'aa qorannoo kee garagalcha isaa argachuuf ogeessa fayyaa keetti dubbadhu.

HBsAg Sarfesii Heppitaayitas B Qorannoo Antijiinii:	**farra-HBs** (HBsAb) Sarfesii Heppitaayitas B Qorannoo Farra Qaamaa	**farra-HBc** (HBcAb) Koorii Heppitaayitas B Qorannoo Farra Qaamaa	**Bu'aawwan qorannoo maal akka ta'an**	**WANTONNI GODHUU QABDAN**
−	−	−	**Dandeettii dhibee ittisuu hin qabdu/saaxilamaadha** · Dhibichaan hin qabamne, kanaan duras qabamtee hin beektu. · Dhibee Heppitaayitas B dhaaf saaxilamteetta.	**Talaalliin si barbaachisa**
−	+	−	**Dandeettii dhibee ittisuu qabda/hin saaxilamne** · Dhibichaan hin qabamne. · Sababa talaallii Happitaayitas fudhatteef qaamni dhibee ofirraa ittisa.	**Talaallin homaatuu hin barbaachisu**
−	+	+	**Sababa infeekshinii uumamaatif qaamni dhibee ofirraa ittisa** · Infeekshinii heppitaayitas B duraanii irraa bayyanatteetta. · Namoota birootti dabarsuu hin dandeessu.	**Talaallin homaatuu hin barbaachisu** · Waa'ee bu'aa qorannoo Heppitaayitas B Kee dokotara keetti himi. · Qorichoonni dandeettii dhibee ittisuu gadi qabu (immunosuppressing medications) osoo hin fudhatin dura doktara kee waliin dubbadhu sababni isaa Heppitaayitas B irra deebin akka ka'u dabaluu danda'u waan ta'eef.
+	−	+	**Dhibichaan qabamteetta** · Vaayirasiin Heppitaayitas B dhiiga kee keessa jira. · Vaayirasiin Heppitaayitas B namoota birootti dabarsuu dandeessa.	**Qorannoo dabalataa si barbaachisa** · Qorannoo fi xinxaala dabalataaf doktara barbaadi. · Waa'ee bu'aa qorannoo Heppitaayitas B Kee dokotara keetti himi. · Jaalalleen kee fi namoonni si waliin jiraatan qoratamuu fi talaallii fudhachuu isaanii mirkaneessi.
−	−	+	**Qabamuu dandeessa** · Bu'aan qorannoo ifa miti – kana dura yookin amma dhibee heppitaayitas B qabaachuu dandeessa.	**Qorannoo dabalataa si barbaachisa** · Qorannoo fi xinxaala dabalataaf doktara barbaadi. · Waa'ee bu'aa qorannoo Heppitaayitas B Kee dokotara keetti himi. · Qorichoonni dandeettii dhibee ittisuu gadi qabu (immunosuppressing medications) osoo hin fudhatin dura doktara kee waliin dubbadhu sababni isaa Heppitaayitas B irra deebin akka gochuu danda'u danda'u waan ta'eef. · Jaalalleen kee fi namoonni si waliin jiraatan qoratamuu fi talaallii fudhachuu isaanii mirkaneessi.

**Odeeffannoon gabatee kana keessatti argamu namoota heppitaayitas B cimaa (yookin reefu qabaman) hin ilaallatu.*

HepBHub
doh.wa.gov/hepbhub

Washington State Department of Health

DOH 420-434 October 2022 Oromo
Dookumentii kana bifa biraatiin gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbili. Maamiltoonni dhagahuu hin dandeenye ykn rakkoo dhagahuu qabdan, maaloo 711 (Washington Relay) tti bilbilaa ykn imeelii civil.rights@doh.wa.gov tti ergaa. Madda: Faawundeeshinii Heppitaayitas B: https://www.hepb.org